



## Xiinxala Ergaa Hawaasummaa Geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa: Ija Yaadiddama Ijaarsa Hawaasummaatiin

Dajanee Galataa<sup>1\*</sup>, Taaddasee Jaallataa<sup>2\*</sup>, Guddataa Abdiisaa<sup>3\*</sup>

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa dhimmoota hawaasummaa geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa xiinxaluudha. Ragaaleen qorannoo kanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Horroo Bulluq ganda Guddinaa Abuunaafi Dooyyoo irraa walitti qabame. Godonni, aanaafi gandoonni kunniin mala akkayoon kan filataman yoo ta'u; raghimtoonni ammoo mala darba dabarsoon filataman. Raghimtoota kanneen irraa meeshaaleen ragaa funaanuuf dhimma itti bahame daawwannaa, afgaaffiifii marii garee xiyyeeffannooti. Qorannoon kun dhiyaatina Sanyabsaa, Paaradaayimiifi yaadiddama ijaarsa hawaasummaa fayyadamuun kan geggeeffame yoo ta'u; ragaaleen mala akkamta ibsaan xiinxalaman. Ragaaleen tooftaalee adda addaan funaanaman xiinxaluun argannoowwan qorannichaa bira gahaman nijiru. Isaan keessaa kan jalqabaa, Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsaan jiruufi jireenya kaleessa dabarse, rakkoofi bal'oo har'a keessa jiraatu, jireenya isaa gara fuulduraa akkamiin qajeelchuu akka barbaadu ittiin ibsata. Kana malees, jijjiirama sirnaa, aadaafi amalaa akkasumas, rakkoolee hawaasummaafi tooftaa rakkoolee kanneen keessaa itti ba'an irratti muuxannoofi mudannoo waliif qooduun hubannoo waloo gabbifatu. Kana malees, goota faarsuun xixiqqaa soosisu, dabeessa qeequun onnee itti horu, arjaa faarsuun dogna kennisiisu, hayyuu faarsuun dhaloota barsiisu, dhugaa leellisuu fi kijibdoota saalfachiisuun dhalootni amaloota hawaasa sana keessatti jibbamoo ta'an dhiisanii gochaafi amaloota hawaasa sana keessatti gaarii ta'an qabatani akka guddatan kallattii akka qabsiisantu hubatame. Kanaafuu, geerarsi amaloota jaallatamoo ta'an faarsuunfi amaloota jibbamoo ta'an qeequun hawaasni sun amaloota jaallatamoo akka horataniifi kanneen jibbamoo ta'an irraa akka fagaatan taasisuu isaastu bira gahame. Kunimmoo Horroo durii hanga har'aa madda gootaa fi hayyootaa akka taatu taasisa.</i></p>	<p><b>Article History:</b> Received: 10-03-2024 Revised: 29-04-2024 Accepted: 05-06-2024</p> <p><b>Jechoota Ijoo:</b> ergaa, geerarsa hawaasummaa, Jaawwii</p> <p><i>*Qorataa Muummee: Dajanee Galataa</i></p> <p><i>E-mail: dararaabera@gmail.com</i></p>

## **Seensa**

Hawaasni Oromoo beekumsaafi muuxannoo baroota adda addaatti horate afoolaan afaaniin labataa labatatti daddabarsuun dhaloota barsiisaa, gorsaafi qajeelchaa jiruufi jireenya isaa geggeeffachaa as gahe. Eshete (2008) afoolli akka mallattoo aadaafi seenaa biyya tokkootti akka fayyadu, afoolli Oromoos seenaa Oromoo takkaa kufee takkaa ka’u, hucuuccaa, jijjiirama angoo, hariiroo gadhee mootummoota Habashaafi Oromoo gidduu jiru, aadaa, seenaa, hawaasummaafi siyaasa Oromoo isa ganamaafi erga garboomee gidduu jiru agarsiisuuf humna guddaa qaba jedha. Afoola Oromoo kanarratti akka Afirkaa mitii akka biyyaattuu qorannoon geggeeffame muraasa (Assefa Tefera, 2015)jedha. Kunimmo afoola Oromoo irratti gegegeessuun dhimmi barbaachisaa ta’uu agarsiisa. Afoola Oromoon aadaa, seenaa, muuxannoofi mudannoo isaa kaleessaafi har’aa ittiin ibsatu keessaa tokko ammoo afwalaloo geerarsaati.

Qorannoowwan afoola irratti adeemsifaman akkaataa itti hawaasni afoola sanatti gargaaramu sun yaadu, amantaalee, rakkoolee, sodaa, yaaddoo, hawwiifi fedhii hawaasa sanaa akka hubatan nama taasisu (Magarsaa 2020). Yaadni kun fedhiifi yaada hawaasa tokkkoo hubachuuf afoola isaa qorachuun akka barbaachisu agarsiisa. Geerarsis damee afoolaa

kana keessaa tokko yoo ta’u; afwalaloo dheeraa Oromoo Maccaa biratti baay’inaan beekamudha. Oromoon Maccaa geerarsaan duudhaa, falaasama, ilaalcha, rakkoofi balloo jireenya har’a jiraatu qofa osoo hintaane jireenya qananii bara sirna Gadaa, mootota gosaa (fknf Abiishee Garbaa)n bulaa turan, milkaa’ina gara fuulduraa argachuu hawwu (qabeenya, barumsaafi bilisummaa) jiruufi jireenya isaa hundaa ittiin ibsata. “The Oromo are an oral society. Hence, geerarsa played akey role in transmitting historical knowledge and cultural values from generation to generation” (Addisu, T. 1990ii). Yaadni kun Oromoon hawaasa aadeyyii waan ta’ee geerarsi beekumsa seenaafi aadaa daddabarsuufi tursiisuu keessatti ga’ee olaanaa qaba. Yaada kanarraa hawaasni Oromoo hawaasa beekumsa isaa bifa barreeffamaan tamsaasuufi tursiisu waan hintaaneef geerarsi ga’ee kana taphachuun beekumsa seenaafi aadaa Oromoo ganamaa daddabarsuufi tursiisuu keessatti shooraa olaanaa taphachuu isaa mul’isa. Kanaafuu beekumsa aadaafi seenaa Oromoo Maccaa hubachuuf geerarsa isaa irratti qorannoo gad fagoo geggeessuun barbaachisaadha.

Dabalataanis, geerarsi meeshaa miidhaa namarra ga’e kan ittiin mormataniifi

*Dajanee G. fi Kb*

milkaa'ina argatan kan ittiin himatanidha. Kanaafuu qote bultoonni Oromoo miidhaa bulchitooonni naannoo irraan ga'an geerarsatti fayyadamanii mormii isaanii ibsatu (Jeylan W 2005). Yaadni kun ammoo geerarsa akka meeshaa diddaa qabsootti fayyaduun hawaasni rakkoofi yaada isaa akka ittiin ibsatu agarsiisa. Yaada kana Nagaso Gidada (1983) Oromoon geerarsaan muuxannoo isaa, rakkoowwaniifi tooftaa ittiin milkaa'ina argate ittiin ibsata jechuun cimsa. Kana malees, geeraraan geerarsaan haadhaafi abbaa isaa faarsa, goota nijaja, dabeessaafi nama dadhabaa ammoo qeequun onnachiisa jedha. Kunimmoo Oromoon Maccaa geerarsaan mudannoofi muuxannoo jireenya keessatti horate, rakkoofi bal'oo har'a keessa jiraatuufi wantoota gara fuulduraa milkeessuu barbaadu ittiin ibsata yaada jedhu qaba.

Kana malees, geeraraan geerarsaan rakkoofi bal'oo isaa qofa osoo hintaane milkaa'uu isaaf namoota bu'uura ta'an haadhaafi abbaa, angafaafi hawaasaaf kabaja kennee, uumaafi uumama naannoo isaaf jiru safeeffatee muuxannoofi mudannoo isaa hawaasaaf qooda. Kana malees rakkoolee hawaasummaa hawaasa sana keessatti mul'ataniifi madda rakkoolee kanneenii geerarsaan kallattii waliif kaa'uun furmaata isaas waliif akeeku. Kanaafuu, qorannoon kunis qaawwa gama

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

kanaan jiru guutuuf ergaa geerarsa Oromoo Jaawwii Horroo irratti kan geggeeffame yoo ta'u; geerarsoota ergaa hawaasummaa qabantu filatamee xiinxalame.

Oromoon geerarsaan goota, hayyuufi arjaa faarsee, dabeessa, dognaafi gowwaa qeequun dhaloota ittiin ijaara. Kunimmoo Oromoon Maccaa geerarsaan yaadannoo kaleessaa, rakkoolee hawaasummaa har'aa, gochaafi amaloota miseensota hawaasaa sanarraa eegamuufi hin eegamne adda baasuun ittiin wallaalaa barsiisaa; jal'aa karaa maqe dogoggore qajeelcha. Kanaafuu Oromoon Jaawwii maccaa geerarsaan aadaafi duudhaa Oromoon kaleessa qabu, rakkoolee hawaasummaa yeroo ammaa mul'atan, madda rakkoolee kanneeniifi furmaata isaa geerarsaan wal hubachiisa. Kanaafuu jiruufi jireenya Oromoo Maccaa kan kaleessa, kan har'a jiraatuufi karoora isaa gara fuulduraa hubachuuf geerarsa isaa qorachuun dhimmi barbaachisaadha.

### **Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun qorannoo aadaafi beekumsa hawaasaa irratti xiyyeeffatu waan ta'eef gosa qorannoo sanyabsaati. Qorannoon sanyabsaa akaakuu adda addaa kan qabu yoo ta'u; achi keessaammoo gosa sanyaabsa sakattaa (*ethnographic survey*)ti. Kanaafuu, qorannoon

*Dajanee G. fi Kb*

kun paraadaayimoota qorannoo saayinsii hawaasaa keessaa paraadaayimii ijaarsaa (constructivism paradigm) bu'uureffachuun geggeeffame. Paraadaayimiin ijaarsaa beekumsi ijaaramaa kan deemu, dhaabbataa kan hintaaneefi dhugaawwan adda addaa jiraachuu kan mirkaneessuudha (Neuman 2000). Hawasni sun beekumsa ijaarrate sanaan jiruufi jireenya isaa ittiin geggeeffata (Creswell, 2009).

Akkasumas, qorannoon kun yaadiddama ijaarsa hawaasummaa bu'uureffachuun adeemsifame. Akka yaadiddama kanaatti hawaasni beekumsa jiruufi jireenya isaa ittiin geggeeffatu kan mataa isaa qaba. Beekumsa kana hubachuuf waan hawaasni sun raawwatu, dubbatu, haala adunyaa itti hubatuufi ibsu xiinxaluu feesisa. Beekumsi adeemsa jiruufi jireenya hawaasummaa keessaa kan ijaaramudha (Korsgaard, 2007).

Dabalataanis, hawaasni beekumsa ijaarrate kanaan addunyaafi ofii isaanii hubatu (Galbin, 2014). Kanaafuu, yaadiddamni kun hariiroo hawaasummaa namoonni hawaasa keessatti ijaaratan, raawwatan, waan gareen hojjetaniifi beekumsa waljijjiiran qorachuuf gargaara. Kanaafuu, qorataan kunis ergaa hawaasummaa geerarsa Oromoo Maccaa kessatti calaqqisu qorachuuf yaadiddama ijaarsa hawaasummaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

kanatti dhimma ba'eera. Sababiin isaa beekumsi geerarsa Oromoo keessa jiru gosa beekumsaa hawaasichi adeemsa keessa muuxannoofi mudannoo yeroo dheeraa booda ijaarrate waan ta'eef dhimmoota hawaasummaa achi keessa jiran qorachuuf mijataa ta'uu waan mirkaneeffateefidha. Kana malees, yaadiddama ijaarsa hawaasummaa kana fayyadamuun geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa keessa dhimmoota hawaasummaa, rakkoolee hawaasummaa, jijjiirama amalaa hawaasa sana keessatti mul'ataniifi sababoota isaanii qorachuuf dhimma itti ba'amee jira.

Wolcott (1999) akka ibsutti, beekumsi qorannoo sanyabsaa muuxannoo gareen hawaasaa tokko qabu waan ta'eef; dawwannaa, marii garee xiyyeeffannoofi afgaaffiitu mijataadha. Kanarraa ka'uun ragaaleen qorannoo kanaa afgaaffii, dawwannaafi marii garee xiyyeeffannootti dhimmi ba'uun fananaman. Ragaaleen fudhatamanis, qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu (Peter Bartis 2002) addeessee bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda mala qorannoo akkamtaa ibsaatti dhimma ba'amuun xiinxalaman. Sababiin isaa ragaaleen geerarsaa bifa afwalaloon waan jiraniif jechaan kan safaruufi xiinxaluuf mijatoo waan ta'aniifidha.

*Dajanee G. fi Kb*

Qorannoon kun Goodina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Horroo Bulluq gandoota Guddinaa Abuunaafi Dooyyoo irraa funaanaman. Godinni, aanaafi gandoonni kunniinis mala akkayyootti (purposive sampling) dhimma ba'amuun filataman. Sababiin isaas sakatta'a qorataaan taasiseen iddoowwan kunneenitti geerarsa yoomessa dhugaa keessatti geeraramuufi duudhaaleen Oromoo ganamaa itti ititanii jiran waan ta'eefiddha. Qorannoon kun gosa qorannoo sanyabsaa waan ta'eef; maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaalee Iffaa irraa walitti qabaman. Isaanis dawwannaa alhirmaachisaa lama, garii garee xiyyeeffannoo afuriifi afgaaffii caaseffamoo namoota saddeet irraa ragaaleen funaanaman.

### **Xiinxala Ragaaleefi Argannoowwan**

Kutaan kun bakka ragaaleen geerarsaa funaanaman itti dhihaataniifi xiinxalli isaanii itti adeemsifamedha. Geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa dhimmoota hawaasummaa irratti geeraramantu seenaafi aadaa hawaasichaa waliin walsimsiisuun xiinxalame.

#### **I) Yaadannoo Waloo (collective memories)**

Oromoon Jaawwii Maccaa jireenya hawaasummaa kaleessa jiraataa tureefi jijjiirama dhimmoota hawaasa kana keessatti yeroo adda addaa dhalate walbira qabuun

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

geerarsaan ibsata. Booda moototni xixiqqoon gosa adda addaa keessaa ka'uun, Mootii Goojjamiifi Xaaliyaaniin weeraramuun aadaafi safuu hawaasichaa irratti jijjiiramoonni adda addaa dhufaniiru. Jijjiiramoonni kunniin ammoo hariiroon hawaasummaa ilmaan Jaawwii irratti dhiibbaa uumeera. Moototni gosaa ka'an wal injifachuuf jecha alagaa waliin michoomanii wal kuffiisuuf tooftaa adda addaa uumuun wal gommoomsuu, shira walirratti xaxuu, wal tuffachuu, wal ganuu, alagaa waliin tumsuun walirratti duuluun aadaa ta'aa dhufe. Kunimmoo jijjiirama adda addaa hawaasicha keessatti fideera. Kanaafuu hawaasni kun jiruufi jireenya jiraataa ture keessatti yaadannoon waloo inni qabuufi Jijjiiramoonni guyyaa keessa dhufantu kutaa kana keessatti xiinxalame. Geerarsa yaadannoo waloo hawaasichaa agarsiisu keessaa tokko kunooti.

*Jabana qaataa sanaa;*

*Bara Maraataa sanaa;*

*Amma miti dur tokkoo;*

*Nama caalla kuma tokkoo;*

*Jireenyi gadumaa gadii;*

*Garaacha nyaadhuu nyaadhuu;*

*Tiruu gatumaa gatii;*

*Dur abbaa fardaan lolaa;*

*Amma lafoo baqannee.*

*Dajanee G. fi Kb*

Geerarsa kanarraa Oromoon dur jiruufi jireenya kan har'aarra wayyoo ta'e jiraataa akka tureefi jireenyi isaa baruma baraan gaduma deemaa bakka amma jiru kana akka ga'e agarsiisa. geerarsa kana keessatti jabana qaataa kan jedhu waa gurguddaa lama agarsiisa. Iffaa bara Oromoon sirna Gadaan bulaa ture, bara gosaan wal qooduufi wal loluun hinjirre, bara Oromoon aadaafi safuu isaan jiraatu agarsiisa. Kan 2ffaa bara Gadaan laafee Oromoon mootota xixiqqoon gosaafi naannoo isaa bulche agarsiisa. Barri kun bara ilmaan Jaawwii dinagdeen jijjiiramaa deemuufi walitti bu'iinsi waan baay'ateef abbaa Gadaa Caalaa abbaan Duulaa dhageettii argataa dhufe. Kanaaf mootii gosaa warri ta'an namoota dinagdeen sooromaniifi abbaa duulaa kan akka Abiishee Garbaa mootummaa ofii akka hundeeffataniif karaa saaqe (Ginbaar Nagaraa 2013). Raghimaan Abdiisaa Boroxaa (2013) akka himanitti barri sun bara soorumaa, jaalalaa, tokkummaa, nagaafi tasgabbi akka ture himu. Kanaafuu Oromoon Jaawwii Maccaa bara bulchiinsa Abiisheefi isa duraa bara dinagdeefi hawaasummaan gaariin ture jedhee amana jechuudha.

Akkasumas, bara bulchiinsa gaariifi bara Horoon gootumamaan naannoo sanatti beekame ture. Kunis Iffaa Gojjamootni daangaa laga Mormor ce'anii Abiishee mootii

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Horroo waliin waraana geggeessanii dirree hundarratti mo'amanii waan deebi'aniif Horroon gootummaan beekamoo turan. 2ffaa moototni xixiqqoo gosaa naannoo sanaa kan akka Soorii Galaafi Qadiidaa Wannabees Horroo (Abiishee Garbaa) waliin wal waraananii kan injifatame malee kan injifate hinjiru. Kanaafuu, moototni kun lameen mootii Goojjam kan ture Takle Haymaanot waliin ta'uun Abiishee gowwomsanii balleessuun dhumarra ofiifis akka badan. Geerarsa kana keessatti Goojjamootni mootummaa Abiisheefi mootota naannoo sana bulchaa turan barbaadeessanii sirna ofii erga ijaarratanii hawaasni kun jireenya gaarii duraan jiraachaa turan akka dhaban agarsiisa. Kanaafuu geeraraan kun xiiqiifi gaabbiin jireenyaafi gootummaa kaleessaa tureefi rakkoo amma keessa jiru geerarsa kanaan ibsate.

Dabalataanis, Mootiin Goojjam naannoo kana erga to'atee hawaasni Horroo kan dura fardaan Jila adda addaa deeman, guluffii fardaan beekaman abbootii lafaa malee qotebulaan farda akka hin yaabbanne dhorkii baase. Geerarsi kunis labsii sana ilaachisee diddaa qabu ibsachuuf geerarama. Geerarsa kana keessatti 'dur abbaa fardaan lollaa; amma lafoo baqannee' kan jedhu sadarkaan hawaasa sanaa bakka duraan jiruu gad bu'uu isaafi roorroo hamaa keessaa jiraachuu isaanii agariisa.

*Dajanee G. fi Kb*

Kunis murnoonni gita bittaa waan Oromoon qabu hunda itti busheessan duudhaalee isaa ganamaa tokkummaa isaa jabeessan kanneen akka Irreechaa, gubaa (Masqala Oromoo), amantaa Waaqeffannaa, ardaalee jilaafi afaan Oromoo seera itti baasuun ugguran. Kanaaf jireenyi Oromoo har'aa falaasamaafi bittaa garbummaa mootota Itoophiyaas didee diina fardaan isa ari'u lafoo baqachaa jiraachuu isaa agarsiisa. Oromoon Maccaa qe'ee isaatti mirga ofiin of bulchuu muulqamee akka mootonni Itoophiyaa jedhanitti ammoo buluu didee jireenya tasgabbiin hinqabne jiraataa akka jiruufi jireenyi kun akka isaaf hinmalle agarsiisa.

*Warri keenya isaan qaataa,*

*Gachanaan karaa baasuu,*

*Eeboon farda leenjisuu,*

*Maal godhu ya baraa!*

*Haateessu dubbiin garaa.*

Geerarsa kana keessatti warri keenya isaan qaataa kan jedhu jiruufi jireenya Oromoo bara sirna Gadaafi bara bulchiinsa Abiishee kan agarsiisudha. Kunis bara Oromoon ofiin ofbulchaa ture abbootiin, akaakayyuun, akaakileefi abaabileen isaanii warra sirna Gadaan duudhaafi safuu isaanii eeggatanii jiraachaa turan ta'uu agarsiisa. Bara sana Oromoon gachanaan karaa baasa kan jedhu Oromoon gaachanaan lolaa turuu, gootummaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Jaawwii Maccaafi waraanaan beekamoo ta'uu isaanii agarsiisa. Gachanni meeshaa lolaa kan eeboofi wantee ittiin ofirraa qoluuf tajaajila. Kana malees, Jaawwii Maccaa karaa kaabaa Goojjamoota, karaa Bahaa mootota Shawaa ofirraa dhorkee injifannoon waggaa dheeraa jiraate. Bara sana fardaan deema, eeboon waraanaa, gachanaan ofirraa dhorkaa akka ture agarsiisa. Erga Gadaan laafee gootonni Oromoo kan akka Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaa, Filee Mandara injifatamee fardaan, eeboofi gaachaanaan loluun hafee, afaaniifi aadaa isaa balfamee tuffatamee qe'ee isaarra akka jiraatu agarsiisa. Kanaaf baroota Mootota Itoophiyaan bulan kan ammaallee dabalatee bulchiinsa alagaati jedhanii amanu. Kanaaf kabaja dur qabaniifi akka amma jiran geerarsaan akkanatti ibsu.

*Manni keenya dur gamaa*

*Ammammoo gamanaka*

*Sanyiin keenya dur namaa*

*Ammammoo jabanaka.*

Geerarsa kana keessatti geeraraan warri keenya dur sanyii beekamoodha, amma akka durii sana sanyiin keenya babajamuun hafee tuffatameera. Sanyiin geeraraa kana kan tuffachiise bara yookiin mootota biyya kana bulchanidha. Kunis moototni Itoophiyaa lafaafi qabeenya Oromoo barbaadu malee afaan isaa, aadaan isaa, duudhaa, amantiifi

*Dajanee G. fi Kb*

eenyummaa isaa qabatee akka jiraatu hinhayyamne. Maqaa ummatichi hinbeekne itti baasanii akka inni dhokatu taasisan. Ummanni Oromoo ammoo waanjoo gabrummaa ofirraa fonqolchuu fi mirga humnaan sarbame deebisee gonfachuun biyya isaa irratti abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuuf baroota dheeraaf qabsoo hadhooftuu geggeessaa ture. Jaarraa 19ffaa kanaa eegalee Oromoon kan baay'inni isaa walakkaa uummata biyya kanaa ta'e dhiibbaafi hacuuccaa jala akka jiru, ummatni guddaa kun angoo siyaasaa muulqameefi hiyyoomee jiraachuu eegale. Baay'inni ummata Oromoo walitti idaa'ama ummata Amaaraafi Tigree akka caalu agarsiise. Ummatni sirna Gadaafi mootii ofiin bulaa ture kun erga dhuma jaarraa 19ffaa garboomfamee eegalee hanga har'aa hiyyoomeefi angoo siyaasaas dhabee jiraachuu agarsiisa.

*Jabana Daga Horoo,*

*Akka ammaa hinjiru qoroon,*

*Jabana Abiishee Garbaa,*

*Bara roorroon gorduubaa*

Goonni gootummaan sirbaa.

Daga Horoo fi Abiishee Garbaa Mootota Horroo durii yoo ta'an Abiisheen mootii Horroo waliigalaa yoo ta'u; Daga Horoo akka itti aanaa Abisheetti bulchaa ture. Bara

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Horroon ofiin of bulchu sirna abbaan lafaa yookiin qoroo hinjiru; erga bara sanaa jirrufi jireenyi ummtani kun jiraatu jiruu gadadoo akka ta'e agarsiisa. Hawaasni qotatee dilbii kaa'u; erga abbaan lafaa dhufee, qotebulaan lafa isaa qotiyoo isaan qotee abbaa lafaaf mana isaatti geessa, jireenyi gaariin bara moototni kun Horroon bulchu ture ergaa jedhu dabarsa. Kunimmoo Horroon hangam akka bulchiinsa alagaa akka nuffe, alagaa jalatti buluu akka hinbarbaanneefi fedhii ofiin of bulchuu akka qabu agarsiisa.

## **II) Amaloota hawaasa sana keessatti Jaallatamoo Ta'an**

Oromoon safuufi duudhaa mataa isaa qaba. Safuufi duudhaan hawaasaa kunimmoo hariiroo hawaasummaa ummatichi waliin qabu qajeelcha. Kanaafuu, geerarsa Maccaa keessatti hariiroon hawaasummaa namootni hawaasa sana keessa jiran maatii, ollaa, angafoota, hawaasa, uumaafi uumama waliin qabantu xiinxalame. Hariiroo hawaasummaa geerarsa Oromoo Maccaa keessatti calqqisan keessaa tokko kabaja namootni dhuunfaa garee hawaasaa adda addaa waliin qaban kan ilaallatudha. Kanaafuu, amaloota hawaasa sana keessatti jaallatamoo ta'an keessaa tokko namoota kabajuudha.



*Dajanee G. fi Kb*

**a. Namoota Kabajuu**

Geerarsa keessatti dhimmootni hawaasummaa deddeebi’anii ka’an keessaa tokko qaamolee hawaasaa adda addaaf kabajaafi safuu qabaachuudha. Fakkeenyaaf, geeraraan jalqabuma yoo afaan banatu hirmaattota bakka geerarsi itti geeraramu jiran sanaaf kabaja qabaachuu isaa agarsiisuuf akkana jedhee eegala:

*Qondaalaaf nooruu nooruu;*

*Gurguddoof nooruu nooruu;*

*Angafaaf nooruu nooruu;*

*Buddeenaaf nooruu nooruu.*

Geerarsi kun miseensota hawaasaa bakka geerarsi kun itti geerame jiraniif kabajaafi ulfina kennuuf kan ooludha. Kunis qoondala, gurguddoo yookiin maanguddoofi namoota geeraraa kanaaf angafa ta’aniif kabaja agarsiisuufi ofkaltii gaafachuuf akka seensa geerarsaatti geerarama. Geerarsa kana keessatti, ‘Qondaalaaf nooruu nooruu’ kan jedhu namoota bineensota gurguddoo ajjeesuun mirga qaban kan agarsiisu yoo ta’u; qondaalli hingerariin yookiin ofkoltii osoo hinkenniniin gareen hawaasaa biroo geeraru hindanda’u. Yoo geerare akka qondaala sana tuffateetti ilaalama. Qondaalaaf tuffii agarsiisuun ammoo walitti bu’iinsa uumuu danda’a. Buddeenaaf nooruu nooruu jechuun ammoo dhangaa nyaataa jiran sanaaf kabaja

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

kennuuf kan jedhamedha. Jechi ‘Nooruu nooruu’ jedhu jecha ijoolleen angafaafi gurguddaa safeeffachuuf ittiin nagaa gaafattudha. Jechi ‘nooruu nooruu’ jedhu kan irradeebi’eef kabaja guddaa agarsiisuuf jedheeti. Geeraraan geerarsa kanaan hariiroo hawaasummaa isaafi hirmaattota isaa gidduu jiru cimsuuf itti gargaarame.

Kana malees, Oromoon namaaf, uumaafi uumama kabajaafi ulfina guddaa akka qabu agarsiisa. Kunimmoo namootni dhuunfaa milkaa’inaafi jabduu dalagan bannachuun dura qondaaltota, manguddoota, angafootaafi midhaan soorachaa jiraniif kabajaafi safeeffannaa agarsiisuudha. Wantoota geeraraan hirmaattota geerarsaatti aansee kabaju keessaa kan jalqabaa abbaadha. Abbaan lafa qotee midhaan galcheefi loon tiksee ijoollee isaa guddisa. Ofii daaree ijoollee isaa daara baasa. Seeraafi duudhaa barsiisee ilma fuusisee; intala heerumsiisa. Geeraraanis kabajaafi ulfina abbaafi haadha isaaf qabu agarsiisuuf osoo milkaa’ina, muuxannoofi mudannoo isaa geerarsaan hin ibsatiin dura jalqabaa abbaafi haadha isaa faarsuun irraa eegama. Geerarsa abbaa keesaa tokko kunooti.

*Ilaamee ya abbayyeekoo,*

*Yewwaan siwaamuun quufaa,*

*Akka irbaata galgalaa,*

*Akkaa gaafoo masqalaa.*

*Dajanee G. fi Kb*

Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti ijoolleen maatii isaanii nikabajuu; nisafeeffatu. Kabaja maatiif qaban karaa ittiin ibsatan keessaa tokko geerarsa. Geerarsi kunis geeraraan kabaja abbaa isaaf qabuufi maqaa isaa yoo waamu hangam akka gamamdu kan agarsiisudha. Ilmi geerarsaan abbaafi haadha yoo hinfaarsine namni sun hawaasa sana keessatti nitituffatama.

Geerarsa kana keessattis ‘ilaamee ya abbayyeekoo’ kan jedhu kana keessatti geeraraan geerarsa isaa hirmaattota isaaf dhiyeessa. Afaaniifi kallattii ittiin dhiyaate yoo ilaalle garuu akka waan abbaa isaatti haasa’utti dhiyaate. Kunis geeraraan waan milkaa’eefi hinmilkaa’iin mara abbaa isaaf ija nama 2ffaan seenessa. Yeroo geeraraan kun seenessu abbaan isaa bakka geerarsi itti geeraramu sana jiraachuu dhiisuu danda’a. Yewwaan siwaamen quufaa’ kan jedhu ilmi abbaa isaa geerarsaan faarsuu isaatiin akka gammaduufi hawaasa sana birattis kabajaa akka argatu agarsiisa. Gammchuu isaa kanas akka irbaata gaafa masqalaatti fakkeessee ibse. Kunis Oromoo Maccaa biratti namni gaafa ayyaana masqalaa yoo quufe; waggaa guutuu quufa jedhamee waan amanamuuf guyyaa masqalaa namni nyaatee quufuun aadaa baratamaadha.

Inni 2ffaan ammoo ayyaanni Masqalaa ayyaana Oromoon kabaju keessaa tokko ta’ee

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

birraa yeroo boqolloon lafaa ga’u waan kabajamuuf Waqtii quufaati. Kanaafuu ayyaanni masqalaa ayyaanota jiran keessaa ayyaana quufaati. Kanarraa kan ka’e Masqalli mallattoo quufaafi gabbinaati. Masqalli Oromoo Jaawwii Maccaa biratti ayyaanota biroo caalaa beekamaafi jaallatamaadha. Ayyaanni kun ayyaana Oromoon ganna dukkana keessa ifatti bahuu isaa ilaachisee gammachuu ofii ibsachuuf kabajatudha. Masqalli dur maqaa gubaa jedhamuun akka beekamuufi ayyaana irreechaa dursee jala bultii akka kabajamu himu. Geerarsa kana keessattis geeraraan maqaa abbaa isaa yaamuu isaan gammachuun isaa guddaa akka ta’eefi gammachuu nyaataafi dhugaatii guyyaa masqalaa waliin walfakkeessee ibse. Kunimmoo kabaja ijoolleen abbaa isheef qabdu guddaa ta’uu agarsiisa. Geeraraan abbaa isaatti aansee haadha isaa geerarsaan faarsa. Faaruu haadhaa kana keessaa tokko kunooti.

*Harmee luuccaan walmaraa;*

*Akka muujjaa balbalaa;*

*Taa’aa madabii jettii;*

*Hoodhaa calalii jettii;*

*Harka tokkoon calii baatti;*

*Tokkoon calalii laattii;*

*Yaa footuu calii lamaa*

*Yaa boontuu sanyii namaa*

*Dajanee G. fi Kb*

Geerarsa kana keessatti geeraraan abbaa isaatti aansee haadha isaa faarsa. Faaruu isaa kana keessatti bo'owwan 1ffaafi 2ffaa keessatti 'harmee luuccaa walmaraa, akka muuccaa balbalaa jechuun haati isaa kun rifeensa luuccaa akka muuccaa yookiin saardoo walmare qabaachuu isheefi miidhagduu ta'uu ishee agarsiisa. Bo'oowwan 3ffaafi 'Taa'aa madabii jettii' jedhu keessatti jechi madabii jedhu bakka teessumaati. Taa'aa madabii jettiin keessummaa simachuu ishee agarsiisa. Kunimmoo kabajaafi jaalala dubartiin Oromoo Maccaa keessummaaf qabdu agarsiisa. Bo'oon 'Hoodhaa calalii jettii jedhu' ammoo haati isaa kun jaalalaa qofa kan keessummaa simattu osoo hintaane arjaa nyaataafi dhugaatii namaaf hinmararamne akka taate mul'isa. Calalii kan jedhu mallattoo nyaataafi dhugaatiiti malee alkooliifi dhugaatii qofa hin agarsiisu.

Kanaafuu, dubartiin fuula ifaan keessummaa simachuufi arjummaa qabaachuun mallattoo dubartii gaarii Oromoo Jaawwii Maccaa ta'uu agarsiisa. Bo'oon 5ffaa harmeen kun yoo nyaataafi dhugaatii kana namaaf kennitu jirbii fo'aa akka ta'e ibsa. Kunimmoo dubartiin Oromoo ogeettiifi hojiidhaan cimtuu ta'uu ishee agarsiisa. Bo'oon 6fi 7ffaa arjummaafi ogummaa qabaachuu mirkaneessu. Bo'oon dhumaa haati kun gosti ishee gosa beekamoofi sanyii gaarii akka taate agarsiisa.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Faaruu haadha kanarraa geeraraan qabiyyeen inni haadha isaa ittiin faarse akka kan abbaa gootummaa, qabeenyaafi beekamtummaa osoo hintaane miidhagina, arjummaa, ogummaafi gosti ishee beekamoo ta'uu irratti kan xiyyeeffatudha. Kunimmoo Oromoo biratti dhiirri gootni, hojiitti cimaafi beekamaan filatamaa akka ta'eefi dubartiin ammoo miidhagduu, arjaa, ogeettiifi gosa beekamtuu irraa yoo ta'e filatamti a jechuudha.

#### **b. Kabaja Qabeenya Uumamaa**

Akkasumas, Oromoon Jaawwii namoota waliin qofa osoo hintaane umama naannoo isaa haajaa adda addaaf itti ooluuf kabaja qaba. Faaruun dachee kunis kanuma agarsiisu:

*Dachee nagaa ooltee?*

*Dachee nagaa bultee?*

*Jiraa keenya baattaa;*

*Du'aa keenya nyaattaa;*

*Irri kee midhaanii;*

*Jallikee bishaanii;*

*Sirra horree yaafnaa;*

*Sirra qonnee nyaannaa.*

Oromoon lafa irra jiraatu, qotatee irraa nyaatuufi horii irra yaafatuuf kabajaafi ulfina kenna. Sababiin isaa lafarra qonnee midhaan nyaanna; bishaan ishee irraa waraabbannee dhugna jedhee waan amanuufidha Kana malees, horiin marga lafti biqilchitu dheeda. Uumamni nu arginu kun martuu ishuma irraa

*Dajanee G. fi Kb*

sooratani jiraatu. Lafti waan irra jiraannuufi irraa soorannu qofa miti. Tulluun lafa; kan Irreechi Arfaasaa itti irreeffatamu; Malkaan lafa; kan Oromoon birraa itti irreeffatee galata Waaqaa galchu. Ardaan jilaa lafa kan jilootni Gadaa adda addaa itti jilataman lafa waan ta'eef Oromoon lafaaf kabaja guddaa qaba.

Dabalataanis, faaruu dachee kana keessatti, waan Waaqni uume namaafi horiin, mukaafi bineensi lafarra jiraataniif; lafti baattuu waan jiraafi du'aati jedhamtee beekanti. Kanaaf, Oromoon lafa akka haadha ofiitti ilaala. Akkuma haati ijoollee ishee baattee guddiftu, lafti soossaafi hiyyeessa, gaariifi yaraa, guddaafi xiqqaa osoo hinjedhiin uumama hundaa baatti; gaafa du'anis dacheematti awwaalamu. Nama firri jibbellee lafti hinjibbitu. Kanaaf, lafti haadhatti fakkeeffamti. Dachee irri keessi midhaan; namootni midhaan gosa adda addaa irra facaasanii jiruufi jireenya isaanii geggeeffatu. Dacheen jalli ishee jiidha (bishaani), namni bishaan dhugu malee hinjiraatu. Kanaaf qote bulaan dachee irraa qotee nyaatu, irra jiaartu, bishaaniifi midhaan isaaf argamsiiftu; marga horiin dheedu biqilchitu kanaaf kabajaafi safeeffannaa guddaa qaba. Qabeenya uumamaa keessaa inni biraan mukeen bosonaati. Oromoon mukeen bosonaa naannoo isaa jiran kan dhimmi adda

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

addaaf itti ooluufis kabajaafi safeeffannaa qaba.

*Waddeessa muka bokkuu*

*Baddeessaa muka faachaa*

*Hoomii muka Waaqayyoo*

*Mukarbaa laga keessaa*

*Ya qottoo siifan hawwee.*

Geerarsa kana keessatti geeraraan fakkoommii mukeen duudhaa Oromoo keessatti qaban ibsa. Akka geerarsa kanaatti bokkuun waddeessarraa bocama. Kanuma ilaalchisee Dirribii Dammisee (2016) Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa Waaqaa bu'e jedhamee akka amanamu ibsa. Bokkuun mallattoo aangoofi kabaja guddaa qabaatus; akka kallachaa hin sodaatamu. Abbaan Gadaa bokkuu qabatee seera tumee labsa. Yeroo ammaa garuu, namni bokkuu ni magarfata, muka gaarii ilaalee bocee midhagsee tolfata.

Inni biraa immoo Oromoo Jaawwii Maccaa qeerrummaa bineensota gurguddoo ajjeesanii gunfuruun Oromoo Macca biratti beekamaadha. Bineensota gurguddoo keessaa yoo gafarsa ajjeesan mallattoo qondaalummaa kan ta'e faachoo isaa muratani gara qe'ee ofiitti deebi'u. Faachoo muaratan kana muka baddeessaa tolchuun akka qabannaaf tolutti qopheessu. Kanaaf baddeessaan baattuu faachoo jedhamee beekama. Hoomiin mukeen

*Dajanee G. fi Kb*

jiran keessaa muka ulfooti. Hoomii akka mukeen kaanii falaxanii abiddaan hinbobeeffatan. Kanaafuu geerarsa kana keessattis mukeen jiran keessaa waddeessi, baddeessaafi hoomiin mukeen kabajaafi ulfina guddaa qaban ta'uu agarsiisa. Kunis Oromoon nama qofaa osoo hintaane qabeenya uumamaa yeroo adda addaaf dhimmi itti ba'uuf kabajaafi safuu qabaachuu mu'isa.

Gemechu Megersa (1993) akka addeesseetti, Oromoon 'namni tokko nagaadha' jedhamuuf yoo ofii isaa waliin, namoota naannoo isaa waliin, Waaqaafi qabeenya uumama naannoo isaa waliin naga qabaate yaada jedhu qaba. Kunimmoo hariiroo namni Oromoo ta'e tokko namoota waliin, Waaqa, lafaafi uumama biroo waliin qabu kabaja qabaachuu isaa agarsiisa.

### **c. Namoota Hawaasa sana Keessatti Jaallatamoo Ta'an**

Hawaasa keessatti amalootni jaallatamoo akkuma jiran, namootni amaloota hawaaasa sana keessatti jaallatamoo ta'an qabaniifi jaallatamoo ta'an nijiru.

*Beekaa dubbiif jaallatuu;*

*Goota lolaaf abdatuu;*

*Arjaa qoonqoof jaallatuu;*

*Dabeessa hudduu Dibbee;*

*Ya Golfaa siifan hawwee.*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Golfaan gosa dhukkubaa kan akka dhukkuba COVID/Koronaa namaa namatti daddarbu ta'ee dur Macca keessatti dhukkuba namoota baay'ee ajjeesuun beekamudha. Geerarsa kana ilaachisee afgaaffii Cheerinnet Waaqwayyaa (2011) irraa argameen Oromoon hayyuu(beekaa), gootaafi arjaaf kabajaafi jaalala guddaa akka qabu ibse. Sadan kun qareeyyii hawaa yoo ta'an; faayidaa ofii caalaa faayidaa hawaasaaf dursa kennu. Kunis beekaan rakkoo hawaasaafi kan namoota dhuunfaa waan hiikuuf hawaasa biratti kabajaafi jaalala qaba. Kunis, gareen hawaasaa ykn namni dhuunfaa rakkate hayyuu bira deemee rakkoo isaa itti himatee furmaata argata. Gootni gaafa daangaan biyyaa cabe, qabeenya hawaasaa irra miidhaan dhaqqabe, diinni hawaasa weerare lolee lubbuu isaa aarsaa godhee hawaasa sana kabachiisa.

Kan 3ffaa, arjaan qabeenya qabuun hawaasa keessa jiraatuuf tajaajila kennuun beekama. Akkuma hayyuun beekumsaan hawaasaaf rakkoo furu arjaan qabeenyaan rakkoo gama dinagdeen hawaasaafi namoota dhuunfaa rakkatan furmaata kenna jechuudha. Sadan kana keessaa gootni geerarsa Maccaa keessatti irra deddeebiin faarfama. Kunis gootni akka hayyuu beekumsaan, akka arjaa qabeenyaan osoo hintaane lubbuu isaa hawaasaaf kenna

*Dajanee G. fi Kb*

waan ta'eef beekaafi arjaa caalaa kabajaafi jaalala guddaa hawaasa biraa qaba. Sababni isaa namni kamuu lubbuu tokko waan qabuuf akka arjaan qabeenya isaarraa kennee ofiif waan hambifatu hinqabu.

Mootiin namaa sadii akkuma ta'an gad badiin namaa kan hawaasa biratti kabajaa hinqabnes sadiidha. Isaanis dabeessa, gowwaafi dognadha. Sadan kun dantaa hawaasaa caalaa fedhii ofiif dursa kennu. Dabeessi lubbuu isaa jaallata nimirarfata. Kanaaf lola yookaan waraana deemee hawaasaaf aarsaa kaffaluu hinbarbaadu. Gowwaan waan dubbatamuufi hindubbatamne hinbeeku. Kanaaf icciitii hawaasaa dabarsee diinaaf kenna. Kunimmoo yakka kofa ummataa saaquudha. Kana jechuun icciitii biyyaa diinaaf gurguruu akka jechuuti. Yakki kun ammoo yakkoota jiran keessaa isa ulfaataadha. Gootni Horroo Abiishee Garbaa diinni lolaan injifachuu dadhabee karaa basaastota Soorii Galaafi Qadiidaa Wannabee injifatan. Kunimmoo gowwaan kofa ummataa saaqu hawaasa sanaaf diinaan qixa hawaasa sana miidha jechuudha.

Kanaaf, gowwaan dantaa sabaarra dantaa ofiif dursa kennuurra darbee akkuma diina kamiyyuu hawaasa rakkoo adda addaaf saaxila. Sadaffaan, gochi hawaasa keessatti tuffatamaa dognadha. Dogni qabeenya isaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

namaaf hinlaatu. Dantaa sabaarra qabeenya isaatu isaaf caala.

Hayyuun beekumsaan, gootni waraanaan, arjaan qabeenyaan hawaasa tajaajila. Sadan boodaa ammoo dabeessi lubbuu oolfachuuf, dogni qabeenya isaa mararfatu tikfachuufi gowwaan wallaallummaan waan qabuuf hawaasa miidhu malee faayidaa hinqaban. Rakkoon Oromoo Jaawwii Maccaas gowwaa dubbii hinfilanne, dabeessa onnee hinqabneefi dogna nama caalaa qabeenya jaallatu akka ta'e ragaaleen agarsiisu. Fakkeenyaaf bara lola Xaaliyaanii gootonni Jaawwii kan akka Filee Mandaraa yoo diina waraanan kan diinaaf oduu kennu, faayidaa xiqqoo argatuun biyya dabarsee kennus akka turan himama. Kanaaf gowwaan, dabeessiifi dogni hawaasa Horroo keessatti jibbamoodha. Yaada kana Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsaan akkana jedha.

*Yoo lolan jabaa ta'uu;*

*Akka Abiishee Garbaa;*

*Hunduu nama dhungataa;*

*Ganan gantuu ta'uu*

*Akka Qadiidaa Wannabee*

*Hundatu nama tuffataa.*

Oromoo Jaawwii Maccaa biratti Abiishee Garbaa akka mallattoo gootummaattii, Qadiidaa Wannabee akka mallattoo Gantuummaatti fudhatameera. Kanaaf ummatni

*Dajanee G. fi Kb*

Horro Guduruu Abiisheef kabajaafi jaalala guddaa qaba. Abiishee akka mallattoo gootummaafi diddaa garbummaatti ilaalu. Gaafa Abiisheen qabame, Oromoon Maccaa cabe jedhanii amanu. Kanaafuu gootni Oromoo Maccaa biratti kabaja guddaa qaba. Abiishee qofaa miti namootni hidda Abiishee irraa dhalatan martuu hawaasa sana keessatti kabaja olaanaa qabu. Kunimmoo Abiisheen goota hawaasa isaa irraa diina osoo loluu aarsaa lubbuu waan baaseef kabajame.

Geerarsa kanarraa namni saba isaaf jedhee diina hawaasa sana lolu kabajaafi jaalala guddaa hawaasa sana biraa akka qabu agarsiisa. Oromoon Maccaa goota faarsuun isaa dhalootni nama sana fakkeenya godhatanii goota akka ta'aniif yaadameetu. Yaada kanarraa Oromoon amala badaa hawaasa keessatti mul'atu sirreessuuf namoota amala hawaasa sana keessatti jaallatamaa ta'e qabaniifi amala badaa qaban walbira qabuun kan amala jaallatamaa qabu faarsuun kan amala badaa qabu qeequun dhalootni amala gaarii qabatee akka guddatu kallattii itti agarsisu.

### **III) Amaloota Oromoon Biratti Jibbaman**

Oromoon duraan hawaasa safuufi duudhaan bulu waan ta'eef sobuu, hatuu, waltuffachuu, jibba, inaaffaafi gantummaan amaloota

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

jibbamoodha. Namootni amaloota jibbamoo kana qaban hawaasa sana keessatti kabajaafi jaalala hawaasaa hinqaban. Kanaafuu amaloota akkanaarraa namootni akka fagaatan geerarsaan gorfamu. Amalootni jibbamoo ta'an keessaa geerarsa Jaawwii Maccaa keessatti kan deddeebi'anii dhufan gantummaa, dabumaafi aadaa ofii dhiisanii kan hormaa fudhachuudha.

#### **a. Gantummaa**

Dhimmoota Oromoon Jaawwii maccaa geerarsa isaan balaaleffatu keessaa tokko gantummaadha. Gantummaan faayidaa argachuuf jedhanii waadaa diiguu, horma waliin tumsanii lammii ofii miidhuudha. Geerarsootni asjalatti dhiyaatanis namoota dantaa dhuunfaaf lammii ofii ganam balaaleffata.

*Yaa Jawwee Jaawwii Maccaa,*

*Erga duula Kokorii,*

*Goonni golloo sadachaa,*

*Gariin diinaaf ililchaa.*

Erga Goojjamootni Abiishee booji'anii Horroon bulchuu egalani abbaan lafaa alagaa waliin ta'uun ummata dararuu jalqaban. Geerarsa kana keessatti bo'oon Iffaa, 'Yaa Jawwee Jaawwii Maccaa' kan jedhu Abiishee dubbii qoolaa iddoosaatti fayyaduun bineesansa jawwee jedhamutti fakkeessuuf kan

*Dajanee G. fi Kb*

jedhame yoo ta'uu; jawween gosa bofaa baay'ee dheeraa kan bineensota fayyaatti liqimsudha. Kunis dubbii qoolaa iddoosaa kanaan dheerina, ciminaaafi gootummaa Abiishee Garbaa ibsuuf itti fayyadaman. Jechi 'Jaawwii' jedhu ammoo gosa Oromoo Jaawwiin ilmaan Maccaa keessaa isa angafaati. Kanaaf geerarsai kun Abiishee Garbaa sodaachisaa akka jawwee ta'uu isaa agarsiisa. Ergaan geerarsa kanaa ijoon, erga gaafa duula Kokor kan Abiisheen irratti booji'amee as jaarsoliin biyyaa gariin Goojjamoota faana ta'anii lammii isaanii miidhaa jiraachuu mul'isa.

Jijjiirama duula kana booda dhufe Ginbaar Nagaraa (2013) Duula goodaa Kokoriin booda keessumma walabummaa Horroofi kan Oromoota dhihaa harka halagaafi bulchiinsa Ormaa jalatti kufe. Kiyeeffamuun Abiishee gufuu dachee Maccaa hanga Leeqaafi Jimmaa Jifaaritti weeraruuf akeekkatan jalaa akka buqqa'etti ilaaluun Warra Goojjamoota gammachuun macheesse. Bara 1876/77 booda weerartoonni sochii isaanii itti fufuun Limmuu, Eebantuu, Giddaa, Sibuu Siree, Gudayaa Biilaa, Noonnoo, Leeqaa Naqamtee fi hanga 1878tti biyya Abbaa Jifaar Jimmaa to'achuu isaanis ibse. Geerarsa kana keessatti shanacha kan jedhu caasaa Oromoo bara sirna Gadaa turedha. Sirna Gadaa keessatti, uummanni Oromoo safuu fi Seeraan bula,

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

waliif abboomamu, ilaafi ilaameen waliin jiraataa ture. Seera kana immoo warri hojiitti hiikan, Dheeda, Reeraafi shanacha kan jedhamutu ture. Kanaafuu shanachi caasaa bulchiinsa Gadaan kan Reeratti aanee jiru namoota walddhaban kan araarsan, hojii nagaa buusuu warra hojjetanidha.

Kana malees, Shanachi heeraafi seera ummanni tumate warra hojiitti hiikanidha. Geerarsa kana keessatti erga duula kokorii garuu goototni Shanachaa gariin hojiifi ga'ee isaa kana dhiisanii ummata isaanii ganuun diina waliin hiriiruu, miidhama ummataa osoo arganii Goojjamootaaf tumsuu isaanii bifa komiin dhiyeessa. Moototaafi namoota gantummaa kanaan komataman keessaa gurguddoon Ginbaar Nagaraa (2013) Shira kana keessatti warren qooda baandummaa (collaborators) olaanaa qaban; Qadiidaa Wannabee isa gantuu, Soorii Galaa isa lafa maadheffannaa Goojjamootaa kenne, Gannatii Aagaa Dalaksaa isa afullee turefi Jibaat Bulshoo isa Goojjamoota daboo lolaa waammate fa'ati.

Kanaafuu, geerarsa Horroo keessatti goototaafi gantoota walmaddii qabani goota faarsaa, gantoota qeequ. Kunimmoo eenyummaa dhaloota duubaan dhufuu qaruu, qajeelchuufi barsiisuu qooda olaanaa qaba. Gootota



*Dajanee G. fi Kb*

lubbuun hinjirre faarsuun kun gootatni biroo akka dhalataniif ga'ee olaanaa taphateera. Geerarsa Horroo keessatti hanguma gootni farfamu gantuun qeeqama. Kunimmoo gantuun dantaa dhuunfaaf dantaa hawaasaa gurguru akka hindhalanne, dhalootni amaloota jibbamoo kana akka jibban taasiseera. Kanaafuu Horroon faayidaan hingowwoomsu. Kunimmoo Horroon Sadarkaa biyyaattuu maqaa didaa jedhamu akka argatu taasiseera.

Dabalataanis Jaawwiin geerarsaan seenaa duula kokor, gootummaa abbootii isaanii, gantummaa namoota muraasaa, hacuuuccaan akkamiin akka itti dhufeeffi haala amma keessa jiran wal hubachiisuurra darbee dhaloota ittiin qarachuu danda'aniiru. Kunis, Horroon geerarsaan seenaa isaanii kaleessaa wal hubachiisaa, eenyummaa isaanii ittiin ijaarataa, kan ijaarratan ittiin tursiisaa waan deemaniif ijoolleen isaanii gowwaafi wallaaloo akka hintaane gargaareera. Kunimmoo geerarsi eenyummaa hawaasa tokkoo ijaaruufi kan ijaarame tursiisuu keessatti ga'ee olaanaa qabachuu isaa agarsiisa.

*Yoo ganan gantuu ta'uu,  
Akka Qadiidaa Wannoo,  
Lammiitu nama tuffataa,  
Safuu namaaf buufataa.*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Qadiidaa Wannabee nama Abiisheen gaafa duula Kokor akka booji'amuuf jhaala mijeessedha. Gocha Qadiidaan raawwate kana hawaasni jibbee balaaleffachuun hanga har'aa abaara. Kanaaf geerarsa kana keessattis yoo gantuu ta'an Lammiin nama tuffata nama jibba yaada jedhu qaba. Kunimmoo nama akka Qadiidaa saba gantee hawaasni akka jibbuufi tuffatu agarsiisa. ragaaleen afgaaffiin Abdiisaa Boroxaa (2013) argame akka agarsiisutti, Mootiin Guduruu Jibaati Bushoofi Mootiin Jimmaa Raaree Qadiidaa Wannabee humnaafi tokkummaa isaani jabeeffatani Abiishee loluuf jecha hariiroo gaa'elaa Goojjamoota waliin akka uuman mirkaneessu.

Mootonni lameen karaa daldalaatiin warra Goojjam waliin walqunnamtii waan qabaniif haala itti gargaarsa Goojjam argatanis mijeeffachuun mootota Jaawwii warra kaan dhabamsiisuuf shira xaxuu akka eegalan himu. Hawaasni Jaawwii Maccaas amaloota badoo akkanaa kana geerarsaan qeequun namootni amala gantummaa qaban hawaasa keessatti akka jibbamanifi fudhatama dhaban taasise. Kanaafuu geerarsi hariiroo hawaasummaa Oromoo Jaaawii Maccaa isa ganamaa wal amanuu, dhugaa dubabchuu, dantaa ummataaf dhabbachuu sun akka hinbadneefi amalootni badoon akka hinbabal'ne gargaaree jira. kanaafuu geerarsi gantummaa baleeleffatu

*Dajanee G. fi Kb*

gantootni biroo akka hinkaane, amalli kun tuffatamaafi jibbamaa ta'uu isaa hawaasa hubachiisuu keessatti shoora olaanaa taphateera.

*Rooba baqatanii,*

*Akkamiin ganna bahuu,*

*Keessa gugguufu malee,*

*Waaqumaan kakatanii,*

*Akkamiin nama ganuu,*

*Isumaayyuu Abiishee,*

*Nama ganu hin arginee,*

*Qadiidaaf Soorii malee.*

Geeraraafi hirmaattonni geerarsa kanaa qotebultoota waan ta'aniif hojii qonnaa irratti muuxannoo qabu. Hojiin qonnaa ammoo baay'inaan ganna ganna hoojetama. Kanaaf namni hojii qonnaan jiraatu ganna rooba baqatee hojii sana hojjechuu akka hindandeenye qonni roobuma keessa akka hojjetamu ibse. Akkasumas, geerarsa kana keessatti maqaa Waaqaan kakatanii namaaf waadaa erga seenanii waadaa sana diiguufi ganuun dur hinjirree hawaasa sanatti dhufe yaada jedhu qaba. Waaqaan kakatanii waadaa seenan diiguun nama sana qofa osoo hintaane Waaqa birattis cubbamaa akka nama taasisus mul'isa. Kunis goota Oromoo diina daangaa cabsee dhufe meeqa ummata irraa deebise mo'amuu kan danda'e sababa gantoota

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Qadiidaa Wannabeefi soorii Galaa akka ta'e agarsiisa.

Kunis, walldhabdee Abiisheefi Goojjamoota gidduu jiru Qadiidaa Wannabee (Mootii Jimmaa-Raaree)fi Soorii Galaa (Jimmaa-Gannatii), isin araarsina jechuun jaarsummaa fakkeessanii Abiisheetti maluun akka inni injifatamu haala mijeessan. Abdiisaa Boroxaa (Afgaaffii 13-04-213)n yaada kana Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa warra Gojjam waliin daldalanii qabeenya hedduu horachuufi angoo Abiisheerraa fudhachuuf jecha alagaan michoomanii Abiisheetti malan jedha. Abiisheen jaarsummaa kana shakkee nan gantuu akka nan ganne naaf kakadhu jechuun akka kaxsiise dubbatu. Qadiidaan sobaan “Singanu yoon sigane eeboofi qoraattiin naa waraanan, akka dhagaa kanaa naa goggoksu, gurubbeen naa gubu, akka lafee kanaa qullaa naa hambisu. Yoon sigane kakaan kun naa dhaqqabu. Abiisheen Harraa? jedhee gaafatee, Sooriin du'iikee singanu jedhee kakatee akka Abiishee gane dubbatu.

Kakuun Oromoo dur abbaan dubbii adda baafachuu barbaadu “Harraa? jedhee gaafata. Harraa jechuun dhugaadhaa akka jechuuti. Namni waadaa galu sunis “Du'ii jechuun dubbiiin sun dhugaa ta'uu mirkaneessa jechuun himan. Du'iin durii waliif mallatteessuu har'aa caalaa amanamaa ture. ‘Kakaafi waliif

*Dajanee G. fi Kb*

mallatteessuun ammaa dhaloota dubbatee dubbii ofii waakkatutu dhufnaan jalqabame. Geerarsi waa'e gantuu kunis Qadiidaa Abiishee ganuu aariidhaan abaara. Oromoon Jaawwii Abiishee Garbaa, Daga Horroofi Dabaloo Gannaa, Filee Mandaraafi Ibsaa Immiruuf jaalalaafi kabaja guddaa qabu. Gantoota soorii Galaafi Qadiidaa Wannabee ammoo nijibbu, nibalaaleffatu. Kunimmoo dhaloonni goonniifi dantaa sabaa dabarsanii hinkennine akka ijaaramaniif ga'ee olaanaa taphateera. Kanaafuu, Horroon humnaan harka kennachuufu faayidaan gowwoomuu diduun mootota Itoophiyaaf yaaddoo ta'uun beekama. Kunis goota, hayyuufi arjaa faarsaa, gantuu, dabeessaafi dogna abaaraa waan dhaloota guddisaniif dhalootni goota, beekaafi arjaa akka ta'an taasiseera. Karaa biraan, Oromoon Jaawwii geerarsaan gantuu, sobduu, doqnaafi dabeessa niqeeqa waan ta'eef amalootni kun hawaasicha keessatti akka hinbabal'anne taasiseera. Kanaafuu, geerarsi amala badaa hawaasaa sirreessuufi dhaloota borii qaru keessatti shooraa olaana qaba jechudha. Horroon durii kaasee hanga ammaa madda hayyootaafi gootota hedduu kan taates dhaloota geerarsaan qaree waan guddisuufidha.

*Akuukkuutti hidhatanii,*

*Qorkeen lagatti galti,*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

*Abeekoo waatii Garbaa,*

*Afuuftuutti himatanii,*

*Badii namatti maltii,*

*Kakattee nama gantii.*

Geerarsa kana keessatti bo'oonwwan lamaan duraa afwalaloo itti aanu miidhagsuuf malee qabiyyee geerarsaa kana waliin hidhata hinqaban. Abee Waatii Garbaa jechuun Abiisheen ilma Garbaa Hurruubaa ta'uu agarsiisa. Afuufuutti himatanii' kan jedhu keessatti afuufuun nama oduu kijibaan beekamu, kan waan dubbate gochatti hinjijjiirre jechuudha. Nama akkanaa amananii icciitii itti himachuun miidhaa malee faayidaa akka hinqabne agarsiisa. Kanaaf namni akkanaa hawaasa Maccaa keessatti jibbamaafi tuffatamaadha. Qadiidaan is jaarsummaa fakkeessee Abiisheetti maluun duula seenaa Horroo keessatti jibbamaa ta'e kanarratti Goojjamootni Horroon akka injifatan haala mijeesse. Kunis ragaaleen Abdiisaa Boroxaa irraa (2013) afgaaffiin argame akka agarsiisutti, akka aadaa Oromooti jaarsummaa garee waldhabee jidduutti yeroo gaggeeffamuu jaarsoliin guyyaa, yeroofi bakka jaarsummaan itti gaggeeffamuu milkii ilaaluun murteessu. Qadiidaan is Abiisheedhaan Gojjamoota kana waliin yoo araaramte waliin daldaluun bu'aa irraa arganna jedhee Abiishee amansiise.

*Dajanee G. fi Kb*

Jaarsummaa Qadiidaa kana jaalleewwan Abiishee Abbaan Duulaa Daga Horoofi gorsaan isaa Abbaa Duulaa Dabaloo Gannaa shakkani akka hindeemne akeekkachiisanii turan. Inni garuu araara Qadiidaa dhugaa se'eee gara lafa Goojjamoonni qo phii waraanaaf dhoksaan beellaman osoo hinhubatiin deemee achitti boojia'ame. Kunis Iffaa hawaasa sana keessatti aadaan dubbatanii wal ganuu beekamaa waan hinturreefi Abiisheen uumamaan amala dhuunfaa garraamummaa waan qabuuf Qadiidaan nagana jedhee hin yaadne. Oromoon "Qe'een garraamii nimarga, qe'een abshaalaa nibada" ilaalcha jedhu qaba. Abiisheen garraamii waan ta'eef sanyiin isaa wal hoaranii jiraatu. Qadiidaan kan kakuu diigee garuu qe'eefi sanyiin isaa akka bade ragaalee afgaaffiin argaman nidhugoomsu

Oromoon Jaawwii Maccaa biratti dhugaa dubabchuun amala hawaasa kanaa isa guddaa yoo ta'u, walganuun garuu aadaa badaa yeroo keessa dhufedha. Kanaaf gantuun hawaasa Maccaa keessatti jibbamtuudha. Hawaasa sana keessa sobuufi walganuun dur waan hinturreef wal kaksiiisuun akka hinturre himama. Kakaan erga dhufee sobaan yoo kakatte yookiin kakattee yoo dubbiikee hinraawwanne abaarsi sun nama qaba jedhamee waan amanamuuf baay'ee sodaatama ture. Qadiidaan warra

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Goojjam waliin daldalee sooromuuf jecha aadaa kana cabsuun kakatee waadaa diige.. Kanaaf abaarsi sun isa qaqqabee sanyiin isaa lafarraa akka badetu amanama.

#### **b. Dabuma (Lugnummaa)**

Oromoo Jaawwii Maccaa biratti amaloota jibbamoo ta'an keessaa tokko dabumadha. Dabumni lubbuu ofii baay'isanii jaallachuu yoo ta'u; faallaa gootummaati. Oromoon goote faarsee dabeessa qeeqa. geerarsa dabeessa ittiin qeeqan keessaa tokko kunooti.

*Dabeessi ija faltii*

*Raafuu buleef jedhee*

*Jabaa jaba niitii*

*Osoon niitii ta'ee*

*Raafuu kooyyuu hinkennuu*

*Kosittan facaasaa*

*Kosiin muujjaa baasaa*

*Muujjaa fardatu nyaataa*

*Fardi goota baataa*

Oromoon hawaasa tokko keessatti wantootni sadii baay'ee barbaachisoodha jedhee amana. Isaanis, goota, arjaafi hayyuudha. Faallaa kanaa ammoo dabeessi, wallaalaafi halbaadhessi hawaasa tokkoof rakoodha jedhee amana. Sababni gootni, arjaafi hayyuun ofiif caalaa namoota biroof jiraatu. Dabeessi lubbuu ofii malee lolee lammiif ofiif hin yaadu. Halbaadhessi garaa ofii guutachuu malee

*Dajanee G. fi Kb*

kabaja ofiifi lammii isaafuu hinqabu. Oromoon wallaalaan akka bishaan gabatee irraa garuma argetti jal'ata; namuma bira jirutu ergata jedhee amana. Kanaafuu, geerarsa kana keessatti bo'oon (1ffaa-3ffaa) dabeessi waan garaa jaallatuuf yoo haati warraa nyaata kennuufii dhabde akka reebu agarsiisa. Garaa ofiif jedhanii dubartii tumuun ammoo, gocha abbaa manaaa tuffachiisudha. Akka aadaa Oromootti abbaan warraa haadha warraatiin nyaata naaf kennuu dhabde jedhee reebuun aadmaleedha. Geeraraan kun bo'oon (4-9) keessatti osoo niitii dabeessaa sana ta'ee raafuu ykn dhangaa dabeessaaf hinkennu. Dabeessaaf kennuurra balbala fuulduratti gad gatu wayya ilaalcha jedhu qaba. Sababni inni kaasus nyaati balbala fuulduratti dhangala'e kun xaa'oo ta'ee muujjaan ykn margi balbala fuuldura jiru sun akka lalisu taasisa. Marga lalise kanammoo fardatu nyaata. Fardi ammoo gootatu yaabbata. Kanaaf Jaawwii Maccaa dabeessa hinjaallatu. Gootota ofii garuu ganamaafi galgala faarsu. Dabeessa ijoolleen hinkabajju, gurguddaan hinjaallatu durbillee itti hinheerumtu. Kanaaf geerarsi kun dabeessa qeequun gootatti onnee dabalata, dabeessatti ammoo onnee itti hora.

### **c. Aadaa Hormaa Fudhachuu**

Amala badaa hawaasni Jaawwii Maccaa balaalefaftan keessaa inni biraa aadaa ofii

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

dhiisanii aadaa harmaa fudhachuudha. Jijjiirama aadaa Oromoo irratti yeroo keessa dhufeefi qeeqani isaas kunooti.

*Handaaqqoon birrii binnaan*

*Fooniif garaan nu citee*

*Dubartiin shawaa baanaan*

*Niitiin dhirsaa kasasnaa*

*Yaa'iif garaan nucitee*

Geerarsa kana keessatti hawaasni Oromoo bara sirna Gadaan bulaa ture lukkuun gosa simbiraati jedhee waan amanuuf foon lukkuu hinsooratu. Oromoon foon lukkuu soorachuu yeroo keessa warra kaabaa irraa dhaale. Waan dur lagatu, safeeffatu dhiisee aadaa hormaa fudhate. Geerarsi kunis Oromoon lukkuu soorachuu waan eegaleef birriin bitee gurguruu agarsiisa. Geeraraan kunis Oromoon duudhaafi safuu isaa dhiisuun aadaa hormaa fudhachuu kana balaaleffata. Bo'oon 3ffaafi 4ffaan ammoo bara durii abbaan warraafi haati warraa kabaja guddaa waliin qaban; waldhabdeenis yoo jiraate akka aadaatti jaarsummaan dubbii fixatu malee mana murtii deemanii wal himachuun hinbaratamne. Yeroo keessa garuu mirga dubartii jedhamuu eegallaan dubartiin shawaa yookiin Finfinnee deemtee abbaa warraa himachuu eegalte. Kun aadaa keenya ganamaa akka hintaaneeffii akka aadaatti abbaan warraafi haati warraa dubbii fixachuu

*Dajanee G. fi Kb*

akka qaban agarsiisa. Kunimmoo Oromoon Jaawwii Maccaa hanguma Gadaan laafaa dhufe Oromoon duudhaafi safuu ganamaa gadhiisaa deemu isaa agarsiisa. Jaarsa biyyaa bira darbanii mana murtiitti wal himachuun kunis mallattoo aadaafi duudhaa ofii dhiisanii kan hormaa fudhachuu agarsiisa. Geerarsi kunis Oromoon falaasama, duudhaa, ilaalchaafi safuu mataa isaa qaba. Erga sirni Gadaa cabee Abiisheen injifatamee Oromoon falaasamaafi duudhaa ofii dhiisee kan hormaa fudhachuun jiruufi jireenya ummatichaa akka miidhe; hawaasichi haala yeroo sanaa as ta'e mara akka jibbu; fuuldura duudhaafi safuu isaa duratti deebi'uu akka barbaadu geerarsa kanarraa hubachuu dandeenya.

*Haadhoon haadhoo kasasnaan*

*Alagaan haraarsinaan*

*Finnaaf garaan nu cite*

Oromoon jaawwii Maccaa afgaaffiifi marii garee taasifame irraa waanti hubatame sirna erga Abiisheen injifatamee ijaarame sirnakoo miti ilaalcha jedhu qaba. Geerarsa kana keessatti haadhoon haadhoo kasasnaan kan jedhu oboleessi obbolessa himatnaan jechuudha Akka aadaa Oromootti obbolaan, finni, firri yooisaa sirna alagaan ijaare kanarratti himachuun aadaa alagaa hiraarsinaan finna irraa garaan na cite jechuun

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Oromoon durii gosa isaa, lammii isaa, finnaafi firri akka aadaatti jaarsummaan aararamu malee akka wal hinhimatne agarsiisa. Oromoon ammaa amala dur hinjirre fidee alagaa waliin ta'ee finni, firri, gostiifi lammiin wal tumsu wal cimsu malee, faayidaafi dantaa dhuunfaa argachuuf wal miidhuufi shira walirratti yaaduun waan dur hinturre ta'uu agarsiisa. Gochootni akkanaa kunneen hawaasni sun akka wal shakku, amantaa walirraa dhabu taasisuu isaas mul'isa. Kanaaf Oromoon Jaawwii Maccaa aadaafi duudhaa isaa eeggatee lammii, firaafi finna isaa jabeeffachuu malee faayidaa xixiqqoon gowwoomu akka hinqabne geerarsaan dhaamsa waliif dabarsa. Hawaasa keessatti nama amala badaa qabu, gantuufi nama aadaa hawaasaa cabse qeequun, aadaa duriifi jijjiiramoota guyyaa keessa dhufan wal yaadachiisuun kun ammoo hawaasni sun tokkummaa isaa eeggatee alagaaf akka harka hinkennine Oromoo Oromoo Jaawwii Maccaa cimseera.

*Garaachi sangaa Horroo*

*Qixxalamaan qallabaa*

*Jaallalli nama ammaa*

*Yeroo duraa gaggabaa*

*Xinnoo turraan arrabaa*

*Dajanee G. fi Kb*

Oromoon Jaawwii Maccaa akka safuufi duudhaa Oromoo ganamaatti wal jaallata; jaalalli isaa kun fakkeessaa waan hinqabneef amma dabalee amma hinhir'atu. Kan bara kanaammoo jaalala sobaa waan ta'eef amma sitti ho'isee siif gaggabbee, xiqqoo turee si arrabsa yaada jedhu qaba. Kunimmoo duudhaafi safuu Oromoo ganamaa miti. Jaalala sinsinnii inni amm ho'ee amma qabbanaa'uu kun keenya miti. Kanaafuu Oromoon qabeenya isaa, lafa isaa, bulchiinsaafi duudhaa isaa qofa miti, hariiroon hawaasummaa inni walii isaa waliin qabuu jijjiiramee jira. Kanaaf Oromoon bulchiinsa alagaa jalatti amala haaraa guyyaa keessa horateefi sinsinnaa'uu kana akka dhaabu geerarsaan waliif dhaamu.

### **Goolabaafi Argannoowwan**

#### **i. Goolaba**

Oroomoon Jaawwii Maccaa geerarsa isaan dhimmoota hawaasummaa adda addaa dabarfata. Dhimmoota kanneen keessaa tokko goota, beekaa, arjaa faarsuun gantuu, sobduu, dabeessaafi dogna qeequun hawaasni sun amaloota jallatamoo kana akka horataniifi amaloota jibbamoo akka jibban taasiseera. Goota akka Abiishee kan lubbuun hinjirre faarsuun gootonni hedduun hawaasa sana keessaa akka ba'an taasiseera. Gantuu akka Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa abaaruun gantummaan hawaasa sana keesatti akka

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

hinbabal'anne godheera. Kana malees, Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsaan namni tokko maatii, ollaa, angafoota, hawaasa naannoo, lafa irraa qotee nyaatu, mukeen, midhaaniifi horii manaa haajaa adda addaaf dhimmi itti ba'uuf kabajuufi safeeffachuu akka qabutu bira gahame. Kana malees, ilmaan Jaawwii Gadaan buluurraa mootota gosaan buluun, mootii Goojjamiifi Xaaliyaaniin weeraramuun jijjiirama siyaasaa akka fidee, jijjiirmanii kun ammoo hariiroo hawaasummaa hawaasa naannoo sanaa akka jijjiires ragaalee geerarsaa xiinxalaman irraa hubachuun nidanda'ama. Kana irraan kan ka'e, amalootni hawaasni sun duraan ittiin beekamu amanamummaa, gootummaa, arjummaafi garraamummaan hafa dhufuun walshakkiin, walganuun, wal gowwoomsuun, waltuffachuufi shira walirratti xaxuun babal'achaa dhufe.

Kanarraa kan ka'e, Oromoon dur jaarsummaan dubbii fixatu alagaa irratti wal hinhimachuu, kakatee sobuu, walganuu, wal miidhuu, amma wal jaallatee amma wal hooduufi sinsinniin, dognummaafi wal ganuu hawaasa keessatti babal'ate abaarsa fide jedhamee amanama. Kanaaf hawaasni kun gara fuulduraa duudhaafi falaasama hawaasa Oromoo ganamaatti deebi'uun waliif amanamuu, rakkataa gargaaruu, diina dantaa hawaasichaa tuqu gootummaan dura dhaabbachuutti akka

*Dajanee G. fi Kb*

deebi'uuf akka meeshaa guddaatti kan tajaajile geerarsadha. Kunis, Jaawwii Maccaa geerarsaan namoonni amaloota hawaasa sana keessatti jaallatamoo ta'an raawwatan hawaasicha keessatti kabajamoo akka ta'aniifi kanneen jibbamoo ta'an kanneen raawwatan ammoo akka tuffataman taasise. kanaaf fakeenyi guddaan kabajaafi jaalala hawaasni Horroo Abiishee Garbaaf qabaniifi jibba Qadiidaa Wannabeef qaban irraa hubachuun nidanda'ama. Kunimoo Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsa fayyadamee aadaafi seenaa isaa akka tursiifate, eenyummaa isaa akka ijaarrateefi dhaloota goota, beekaa, arjaafi amanamoo horachuuf akka isa gargaare xiinxala qorannoo kanaarraa hubachuun nidandada'ama.

Gareen amala gantummaa qaban kanneen dantaa ofiif jedhanii dantaa saba gurguran hawaasa sana keessatti jibbamuu qofaa osoo hintaane sanyiin isaaniyyuu abaramee lafarraa akka bades arguun danda'ameera. Kaunimmoo gantummaan, ofittummaafi wallaalummaan miidhaa malee faayidaa akka hinqabnetu bira gahame. Kunimmoo namootni hawaasa isaanii ganuun horma jala ce'an kun qabeenyaafi aangoo alagaa irraa argachuun jireenya fooyya'aa waan argatan itti fakkaatus eebba namaafi waaqaa waan hinqabneef akka dhumate agarsiisa. Kanneen dantaa sabaaf

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

cichan lubbuufi qabeenya ofii itti dhaban garuu eebba hawaasaa waan qabaniif horriifi namaan akka horan dhugoomsa. Kanaaf dhalootni har'aas garraamummaa, gootummaa, amanaummaa, arjummaafi hayyummaa abbootii isaanii dhaaluun akka abbootii isaanii faarfamuu qabu malee; wal morkii, walganuu, walshakkuu, anatu caalaa alagaa irraa dhaalan kan hawaasa Horroo keessatti jibbamaa ta'e fudhachuu akka hinqabne dhaamsa dabarsa.

## **ii. Argannoo**

Oromoon Jaawwii Maccaa kaleessa eessa akka dhufe, jireenya akkamii akka jiraachaa ture, rakkoowwan hawaasummaa isa mudataniifi sababoota isaanii furmaata waliin dhiyeessa. Kunimmoo dhalootni seenaa obbootii isaanii akka hubatan, eenyummaa isaanii akka hindaganneefi egeree isaanii akka qajeelfachuuf geerarsatti dhimma bahaniiru. Oromoon Jaawwii maccaa bara Gadaan bulaa ture qe'een isaa nagaafi tasgabbi waaraa qaba ture. Booda Mootonni gosaa Oromoo Jaawwii keessatti dhalachuun jijjiirama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa akka jijjiire bira gahame. Kunis wal injifachuuf jecha wal gommoomsuu, wal loluu, wal tuffachuufi shira walirratti xaxuun tokko isa kaan kuffiisaa turan. Mootonni kunimmoo hawaasa isaan deggeru waan ofjalaa qabaniif hawwasni suuta amaloota isaanii kana fudhachuu eegalan.



*Dajanee G. fi Kb*

Kunimmoo hariiroo hawaasummaa duraan hawaasa sana keessatti beekamu dhugaa dubbachuu, amanamummaa, waadaa eegu, jagnummaa, gara laafina, garraamummaa, arjummaa mancaasee amala hawaasichaa kan hintaane sobuu, walganuu, walgowwoomsuu, shira walirratti xaxuufi waltuffachuu dagaagse.

Qaawwa uumame kana fayyadamuun Mootiin Goojjam Takle Haymaanot mootota Jaawwii keessaa Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa qabatee Abiishee injifatee hunda isaanii dhabamsiisuun Oromoo Jaawwii Maccaa bulchiinsa ofii jala galfate. Oromoon Jaawwii Maccaa, ‘Sa’aa abbaan gaafa cabse, hormi ija jaamsa’ akka jedhan sanatu isa mudate. Kunis bulchiinsi haaraan dhufe safuu, dhuudhaa, amantaafi aadaa Oromoo mootonni gosaa laaffisan, daranuu busheessee kan ofii itti fe’achuu eegale. Yaada kana Oromoon Jaawwii Maccaa hedduun hinfudhanne; gariin garuu bara waliin deemuu wayya yaada jedhuun aadaa, duudhaafi bulchiinsa haaraa kana fudhatan. Kanarraa kan ka’e hawaasa duudhaa, eenyummaafi ilaalcha Oromoo ganamaatti cicheefi kanneen aadaa, duudhaa, amantaafi bulchiinsa haaraa kana jala ce’an waliin wal dhabdeen uumame. Hawaasni kaleessa adunyaa akka takkaan ilaaluufi hiiku yaadaafi ilaaacha adda addaa horate. Kunimmoo hariiroo hawaasummaa hawaasa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

sana gidduu jiru mancaase. Kunimmoo jijjiiramni siyaasaa naannoo kanatti dhalate dhimmoota hawaasummaa irratti jijjiirama akka fide nutti agarsiisa.

Kanarraa kan ka’e, amalootni hawaasummaa ilmaan Jaawwii duraan ittiin beekaman xixiqqaan gurguddaa safeeffachuun, dachee irra jiraataniifi qotanii nyaatan, midhaan sooratan, sangaa ittiin qotan, uumaafi uumama naannoo safeeffachuun hafaa dhufe. Hawaasni duraan gootummaa, arjummaa, amanaummaafi waadaa eeguun beekamu walshakkii, wal tuffachuu, wal jibbuu, inaaffaafi atakaroon dhuunfaa hawaasa kana keessatti babal’ate. Kanaafuu Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsaan jijjiiramoota yeroo adda addaatti hawaasa sana keessatti ta’e; eenyuun akka ta’eefi sunimmoo rakkoolee inni qaqqabsiisu geerarsaan wal hubachiisuun dura dhaabbchuu eegalame. Akkasums aadaafi duudhaa Oromoo isa ganamaafi isa guyyaa keessa itti dhufe adda baasuun wal hubachiisuu eegalan dabalataanis Oromoon gootummaa, amanamummaa, arjummaafi garraamummaan malee soba, hanna, wal gowwoomsuu, wal tuffachuufi inaaffaan amala ganamaa Oromoo akka hintaane geerarsaan dhaamsa waliif dabarsan.

Amaloota hawaasa sana keessatti jaallatamoo ta’an gootummaa, arjummaafi hayyummaa

*Dajanee G. fi Kb*

amala hawaasichaa taasisuuf gootota akka Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaa, Daga Horoo faarsuun, amaloota jibbamoo ta'an ammoo dhabamsiisuuf namoota amala sana qaban kan akka Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa qeequun dhaloonni amaloota badaa sana balfanii isa gaarii akka qabatan taasisaera. Maccaa geerarsa isaa keessatti goota, arjaafi hayyuu faarsuun seenaa namoota kanaa taursiisuu irra darbee dhaloonni duubaan dhufan amala sana akka horatan gargaareera. Kanaafuu Oromoon Jaawwii Maccaa madda goototaa, hayyootaafi arjaawwanii akka taatuuf geerarsi ga'ee olaanaa akka tapahate bira gahameera.

## **Wabiilee**

Addisu Tolossa (1990). The Historical Transformation of The Folklore Genres: The Geerarsa as a National Literature of The Oromo in the Context of Amhara Colonization in the Ethiopia, Mimeographed PhD Thesis, Bloomington, Indiana.

Assefa Tefera (2015). Ethnography of Resistance Poetics Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture, Unpublished PhD Thesis, Indiana University.

Albin, A. (2014). *An Introduction to Social Constructionism*. Expert Projects

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Publishing House. Retrieved from, [www.researchreports.ro](http://www.researchreports.ro)

Creswell, J. W. (2009). *Research Design. Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches*. (3rd ed). Los Angeles: Sage Publication, Inc.

Dirribii Damusee (2016). *Ilaalcha Oromoo. Finfinnee*: Printing and Publishing Enterprise.

Eshete Gemed (2008). African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective. Norway: Syddansk Universitet.

Ginbaar Nagaraa (2013). *Seenaa Abiishee Garbaafi Gootota Oromoo Biroo*. Adaamaa, Oromiyaa: Elleni P.P.PLC.

Jeylan, W Hussein. (2005). *The Functions of African Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts*In Focus. African Study Monographs, 15-58.

Korsgaard, S. (2007). *Social Constructionism and Why It Should Feature in Entrepreneurship Theory*. Denmark: Centre for Organization Renewal and Evolution.

Magarsaa Dhinsaa (2020). Xiinxala Durduriiwwan Oromoo: Haala, Ijaarsa, Qabiyyeeffi Faayidaa Isaanii. Waraqaa Qorannoo PhD hinmaxxanfamiin, Naqamtee, Yuunivarsiitii Wallaggaa.

*Dajanee G. fi Kb*

Gemechu Megersa (1993). "Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of the Oromo of East and Northeast Africa." (Unpublished PhD Thesis); London: University of London, School of Oriental and African Studies.

Nagaso Gidada (1983). *Oromo Historical Poems and Songs: Conquest and Exploitation in Western Wallaga, 1886-1927*. Paideuma: Mitteilungen zur Kulturkunde, Frobenius Institute, 327-340.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 130-156*

Neuman, W. L. (2000). *Social Research Methods: Qualitative and Quantitative Approaches*. (4thed.). Boston: Allyn & Bacon.

Peter Bartis (2002). *Folklife and Fieldwork. An Introduction to Field Techniques*. Publications of the American Folklife Center. Library of Congress.